



*Hawaasa Gaarii...Al Tokkotti Barataa
Tokko*

**KUTAA MANA BARUMSAA PENN
MANOR**

**L.S.P 1001 • Millersville, PA 17551-0301
Bilbila (717) 872-9500 • Faaksii (717) 872-
9505
www.pennmanor.net
Hojjetaa Carraa Wal Qixaa**

**Michael G. Leichliter, Ed.D. Abukaattoo
mike.leichliter@pennmanor.net**

Bitootessa 2, 2020

Kabajamoo Maatii fi Guddistootaa,

Kutaan Mana Barumsaa Penn Manor fayyaa fi nageenya barattootaa fi hojjettoota keenyaa irratti ni xiyyeffata. Kutaan mana barumsichaai vaayirasii Corona COVI-19 irratti xiyyeffatee odeeffannoo fayyaa to'ataa jira. Akkuma dhimmoota fayyaa hundaan kan wal qabate irratti hojjennu, Muum mee Fayyaa (DOH) Peeniisalvaaniyaa, Giddugala To'anna fi Ittisa Dhukkubaa (CDC), fi ogessota qaamaa kutaa mana barumsaa keenyaa irraa qajeelcha dabalataa fudhachuu xiyyeffannaan irratti hojjechaa jirra.

Maaloo hubadhu: vaayirasii coronan wal qabatee gabaasni argame tokkoyyuu kutaa mana barumsaa keenyaa keessatti hin argamne.

Odeeffannoo kana kan isiniif qopheessinu, akka isin dhimma kana beektanii fi kutaan keenya dhimmi fayyaa fi nageenya nu miidhu kam irratti iyyuu to'anna, qophii, fi deebii laachuuf karoora ofii isaa akka qabu isin hubachiisufidha. Akkasumas maddeen odeeffannoo amanamoo fi dhimma kana irratti akka qajeelchaatti fayyadan kan akka Giddugala To'anna Dhukkubaa (CDC) fi Muum mee Fayyaa Peenisaalvaaniyaa (DOH) akka fayyadamtan isin jajjabeessina.

Wayita bakka garaa garaatti sosocco'anitti tatamsa'ina vaayirasichaa ittisuuf jecha waan danda'amu hunda gochuun hojji idilee kutaa mana barumsichaati; **kana galmaan ga'uufis deeggarsi keessan nu barbaachisa.**

Muummeen Fayyaa Peenisaalvaaniyaa tatamsa'ina vaayirasoota wal horan kan akka COVID-19 ittisuuf toora marsariitii isaa irratti wantoota armaan gadii dhoobee jira:

- **Golgaa:** qufaa yookiin utaaloo kamuu maarrabiitti qufa'uun qodaa kosii keessa buusaa. Yoo maarrabii hin qabdan ta'e immoo ciqilee harka keessanitti jedhaatii qufa'aa. Harka keessanitti akka hin qufaane.
- **Harka dhiqachuu:** harka keessan yoo xiqlaate sekoondii 20 kan ta'uuf saamunaa fi bisaaniin yeroo hundaa dhiqadhaa. Yoo samunaa fi bisaan hin qabdan ta'e alkoolii qulqulleessituu harkaa fayyadamaa.
- **Qulqulleessuu:** dirroota ammaa amma tuttuqaman kan akka qodaa alwadaa, bantuu fi cuftuu ibsaa, bilbilaa, fi kanneen biroo irra deddeebiin qulqulleessaa.
- **To'anna:** tatamsa'ina isaa to'achuu. Yoo dhukkubsataa taatan, hamma isinitti wayyaa'uutti manuma turaa. Namoota dhukkuba qabanis ofirraa fageessaa.

Kutaan Mana Barumsaa Penn Manor xiyyeffannaadhaan dhimmoota (vaayirasii corona qofa osoo hin taane akkasumas bara kana filuweenzaa balleessuu irrattis) fi akka waan dhimmi mana murtii walitti fufaatti mana barumsaa qulqulleessuu fi wantoota miidhaa fidan balleessaa jira.

Raawwicha keessatti dhimmooni COVID-19 mirkanaa' an jiru, kutaan mana barumsichaa safartoo dabalataa barbaachisaa ta'e kam iyyuu waliin wal qabatee qajeelfama ogeessota fayyaatiin qophaa'e ni hordofa.

Yoo daa'imni keessan dhukkubsate, maaloo qajeeltoowwan armaan gadii kana hordofaa:

1. Daa'imni keessan utuu mana barumsaatti hin deebi'in yaalaa fayyaan ala sa'a 24f garaa kaasaa irraa bilisa ta'uu qaba.
2. Ijoolleen ol guurraa yookiin garaa kaasaa qaban yeroo dhumaa booda sa'a 24f mana turuu qabu.
3. Ijoolleen dhukkuba kanatti shakkaman (i.e halluun ija isaanii dhiilgee ta'uu fi mallattoolee kan biroo kamuu) hamma qopheessaan kunuunsa fayyaa mirkaneessuufitti mana turuu qabu.
4. Yoo da'imni keessan dhukkubsataa ta'e/taate, deemsa barumsaa, gareewwanii, yookiin taatee addaa gaafas mana barumsaatti adeemsifamu kamiinuu utuu hin qabamin mana tursiisaa.

Amma waliin taanee waan to'achuu dandeenyu irratti xiyyeffachuun barbaachisaadha. Haala dhukkubaa barattootaa fi hojjettoota keenyatti yaaddoo ta'u hundaa to'achuuf nuti yoomuu dammaqoodha.

Kutaa, mana barumsaa, hojjettootaa, fi barattoota keenya deeggaruu keessaniif isin galateeffanna,

Kabajaa wajjin,



Michael G. Leichliter, Ed.D.
Abukaattoo mana barumsaa